4) The books and records mentioned in sub-Article (2) shall be kept by the taxpayer for a period of ten (10) years after the end of the tax period to which they relate.

49. *Submission of Memorandum of Association*

Companies, partnership and other business organizations shall submit to the Tax Authority a copy of their memorandum of association and status and shall notify the tax Authority of any subsequent change therein.

www.abyssinialaw.com



**50. *Odiiteroota***

1) Odiiteerri kamiyyuu, herrega waggaa maamila isaa qorachuudhaan gabaasa kenne Abbaa Taayitaa Gibiraatiin barreeffamaan yeroo gaafatamu dhiyeessuu qaba.
2) Odiiteerri kamiyyuu gabaasicha yeroo barreeffamaan gaaffiin itti dhiyaate keessatti yoo dhiyeessuu baate, Abbaan Taayitaa gibiraa hayyamni odiiteerichaa akka haqamu Abbaa Taayitaa hayyama kennuuf ni beeksisa.

***KUTAA 2***
***SIRNA HERREGA KAFFALAMURRAA GIBIRA HIR'ISANII GALII GODHUU***

**51. *Galii qaxaramuun argamu irraa gibira kaffalamu hir'isanii galii godhuu***

1) Labsii kanaan ifaan gibira irraa bilisa akka ta'u kan tasifame yoo ta'e malee, qaxaraan kamiyyuu kaffaltii hojjetaa qaxareef kaffalu irraa gibira barbaachisaa ta'e hir'isee hambisuu qaba.
2) Qaxaraan gibira galii qaxaramuun argamurraa hir'isuu irratti dirqamni qabu, kaffaltiiwwan hojjetaaf raawwatu irraa baasiiwwan hirdhifamuu qaban hundarraa dursa ni qaba.
3) Qaxaraan gibira hir'isee hambise dhuma tokkoo tokkoo ji'aa irraa kaasee guyyoota 30 keessati Abbaa Taayitaa Gibiraatiif galii gochuu qaba. Gibirri bifa kanaan hir'ifamee hafe galii yeroo ta'u ragaa tarreeffama maqaa hojjetoota galii gibirri itti kaffalamu ji'a sana keessatti argatan kan argisiisu wajjin walqabatee dhiyaachuu qaba.
4) Ibsi armaan olitti bu'uura keewwata xiqqaa (3) jalatti ibsameen dhiyaatu uunkaa fi akkaataa Abbaan Taayitaa Gibiraa murteessuun ta'ee odeeffannoowwan armaan gadii qabaachuu mala;
   (a) maqaa, teessoo fi Lakkoofsa eenyummaa tokkoon tokkoo qaxaramaa;
   (b) hanga galii gibirri itti kaffalamuu tokkoon tokkoo qaxaramaan qaxaramuun argate,
   (c) hanga Gibiraa galii kanarraa hirrifamee hafe, fi
   (d) hamma galii Qaxaramaan argatee gibira irraa bilisa ta'e.

**52. *Mi'oonni yeroo biyya keessa galan gibira galii kaffalamu***

1) Mi'oonni daldalaaf gara biyya keessa yeroo galan gibirri bu'aa daldalaa itti kaffalama. Gibirri bifa kanaan walitti qabamu akka gibira herrega kaffalamu irraa hir'ifamee hafeetti lakkaa'amee kaffalaan gibiraa, dhuma waggaa irratti gibira kaffaluu qabu irraa akka herregamuuf ni taasifama.



**፶· አዲተሮች፣**

፩· ማንኛውም ኦዲተር የደንበኛውን ዓመታዊ ሂሣብ መርምሮ የሰጠውን ሪፖርት በግብር አስገቢው ባለሥልጣን በጽሑፍ ሲጠየቅ ማቅረብ አለበት።

፪· ጥያቄው በቀረበበት ጽሑፍ በተገለጸው ጊዜ ውስጥ ማንኛውም ኦዲተር ሪፖርቱን ባያቀርብ ግብር አስገቢው ባለሥልጣን የኦዲተሩ ፈቃድ እንዲሠረዝ ለፈቃድ ሰጪው ባለሥልጣን ያስታውቃል።

**ክፍል ሁለት**
**ከተከፋይ ሂሣብ ላይ ግብርን ቀንሶ ገቢ የማድረግ ሥርዓት**

**፶፩· ከመቀጠር በሚገኝ ገቢ ላይ የሚከፈለውን ግብር ቀንሶ ገቢ ስለማድረግ**

፩· በዚህ አዋጅ በግልፅ ከግብር ነፃ እንዲሆን የተደረገ ካልሆነ በስተቀር ማናቸውም ቀጣሪ ለተቀጣሪው ከሚከፍለው ክፍያ ላይ ተገቢውን ግብር ቀንሶ ማስቀረት አለበት።

፪· ቀጣሪው በመቀጠር ከሚገኝ ገቢ ላይ ግብር ቀንሶ ገቢ በማድረግ ረገድ ያለበት ግዴታ፣ ለሠራተኛው ከሚፈጸሙ ክፍያዎች ላይ ተቀናሽ መደረግ ካለባቸው ሌሎች ግዴታዎች ቅድሚያ ይኖረዋል።

፫· ቀጣሪው ቀንሶ ያስቀረውን ግብር ከእያንዳንዱ ወር መጨረሻ አንስቶ ባሉት ፴ ቀናት ውስጥ ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ ማድረግ አለበት። በዚህ ዓይነት ተቀንሶ የቀረው ግብር ገቢ በሚደረግበት ጊዜ በወሩ ውስጥ ግብር የሚከፈልበት ገቢ ያገኙትን ሠራተኞች ዝርዝር የሚያሳይ መረጃ ተያይዞ መቅረብ አለበት።

፬· ከዚህ በላይ በንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት የሚቀርበው መግለጫ የግብር አስገቢው ባለሥልጣን በሚወስነው ቅርፅና አኳኋን የሚቀርብ ሆኖ የሚከተሉትን መረጃዎች መያዝ አለበት።
   ሀ) የእያንዳንዱን ተቀጣሪ ስም፣ አድራሻ እና የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር፣
   ለ) እያንዳንዱ ተቀጣሪ ከመቀጠር ያገኘውን ግብር የሚከፈልበት ገቢ መጠን፣
   ሐ) ከዚሁ ገቢ ላይ ተቀንሶ የቀረውን ግብር መጠን፣ እና
   መ) ከግብር ነፃ የተደረገ ተቀጣሪው ያገኘው ገቢ መጠን፣

**፶፪· ዕቃዎች ወደአገር በሚገቡበት ጊዜ ስለሚከፈል የገቢ ግብር**

፩· ዕቃዎች ለንግድ ወደ አገር በሚገቡበት ጊዜ የንግድ ትርፍ ግብር ይከፈልባቸዋል። በዚህ ዓይነት የሚሰበሰበው ግብር ፣ ከተከፋይ ሂሳብ ላይ ተቀንሶ እንደቀረ ግብር ተቆጥሮ ግብር ከፋዩ በዓመቱ መጨረሻ መክፈል ከሚገባው የግብር መጠን ላይ እንዲታሰብለት ይደረጋል።



**50. *Public Auditors***

1) Any auditor, when requested by the Tax Authority in writing shall submit the audit report of his clients.
2) Where any auditor fails to submit the report within the time specified in the letter referred above, the Tax Authority shall notify the Licensing Authority to withdraw the license of the auditor.

**SECTION II**
***Withholding Procedures***

**51. *Witholding of Tax on Employment Income***

1) An employer shall withhold tax from every payment to an employee, unless the payment is expressly made tax-exempt by this Proclamation.
2) The obligation of an employer to withhold tax has priority over all other obligations to withhold any other amounts from payments to an employee.
3) An employer shall pay the withheld tax to the Tax Authority within thirty (30) days of the end of each calendar month, and each payment shall be accompanied by a statement with respect to each employee who derives taxable income for the month.
4) The statement referred to in Sub-Article (3) shall be in the form and furnished in the manner prescribed by the tax Authority, and shall contain the following information:
   (a) the name, addresss, and TIN of each employee;
   (b) the amount of taxable income derived by each employee from the employment;
   (c) the amount of the tax withheld from that income, and
   (d) the amount of any tax-exempt income derived by the employee.

**52. *Collection of Tax on Imports***

1) A current payment of income tax shall be collected at the time of import of goods for commercial use, and the collected amount treated as tax withheld that is creditable against the taxpayer's income tax liability for the year.

www.abyssinialaw.com



2) Bu'uura keewwata kanaatiin mi'oota gara biyya keessaa galan irraa gibirri bu'aa daldalaa walitti qabamu fichisiisaan mi'ichaaf gatiin kaffale, kan Inshuraansii fi baasiin geejjibaa (C.I.F.) irraa kan herregamu dhibeentaa 3 (sadii) ta'a.
3) Mi'oota gara biyya keessa galan irratti gibirri kaffalame, kaffalaan gibiraa galii beeksise bu'uura gochuudhaan gibira murtaa'e gadi yoo ta'e, kaffalaan gibiraa garaagarummaa kana akka kaffalu ni taasifama, mi'oota gara biyya keessaa galan irraa gibirri kaffalame, gibira waggaatti kaffalamuu qabu kan caalu yoo ta'e abbaan taayitaa gibiraa herrega isaa qulqulleessee gibira caalmaa kaffalame yeroo fi haala keewwata 76 jalatti ibsameen kaffalaa gibiraatiif ni deebisa.
4) Bu'uura keewwata kanaatiin gibirri walittiqabamu; maqaa, teessoo fi lakkoofsa eenyummaa kaffalaa gibiraa fayyadamuudhaan galmaa'uu fi herregichis bu'uuruma kanaan qabamuu qaba. Ta'us, kaffalaan gibiraa, sababa yeroon galmeeffamuu gahuu dhabuutiin, lakkoofsa eenyummaa kaffalaa gibiraa yoo hin qabaanne ta'e, lakkoofsa eenyummaa isaa kaffalaa gibira argatee gibiricha herrega kaffalamu irraa hir'isee nama galii taassisutti hanga kennamutti galmeeffamni kan raawwatamu maqaa fi teessoo kaffalaa gibiraatiin qofa ta'a.
5) Biiroon raawwannaa keewwata kanaatiif hiika ''Mi'oota daldalaaf oolan'' isa jedhuuf qajeelfamaan ni murteessa.

53. *Herregoota kaffalaman irraa gibira hir'isanii hambisuu*

1) Dhaabbattootni seeraan mirgi namummaa kennameef, waajjiraaleen mootummaa, dhaabbattootni dhuunfaa bu'aadhaaf hin-hundoofne fi dhaabbattootni miti-mootummaa dambii manni marii bulchiinsa mootummaa naannoo oromiyaa baasuun, gibirri irraa hirrifamee akka hafu kafaltii murtaa'e kam irraa iyyuu gibiricha hirr'isanii hambisuu qabu.
2) Herregoota kaffalaman irraa gibirri hirrifamee hafu herrega kaffaltii dimshaashaa irraa dhibbantaa 2 (lama) ta'a.

፪· በዚህ አንቀጽ መሠረት ወደ አገር በሚገቡ ዕቃዎች ላይ የሚሰበሰበው የንግድ ትርፍ ግብር አስመጪው ለዕቃው በከፈለው ዋጋ፣ የመድን አረቦን እና የመጓጓዣ ወጪ (ሲ·አይ·ኤፍ) ላይ የሚታሰብ ፫ ፐርሰንት (ሦስት በመቶ) ይሆናል።
፫· ወደአገር በሚገቡ ዕቃዎች ላይ የተከፈለው ግብር ፣ ግብር ከፋዩ ያስታወቀውን ገቢ መሠረት በማድረግ ከተወሰነው ግብር ያነሰ እንደሆነ፣ ግብር ከፋዩ ልዩነቱን እንዲከፍል ይደረጋል። ወደአገር በሚገቡ ዕቃዎች ላይ የተከፈለው ግብር በዓመቱ ሊከፈል ከሚገባው ግብር የበለጠ እንደሆነ የግብር አስገቢው ባለሥልጣን ሂሳቡን አጣርቶ በብልጫ የተከፈለውን ግብር በአንቀጽ ፸፮ በተገለጸው ጊዜ እና አኳኋን ለግብር ከፋዩ ይመልስለታል።
፬· በዚህ አንቀጽ መሠረት የሚሰበሰበው ግብር የግብር ከፋዩን ስም፣ አድራሻ እና የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር በመጠቀም መመዝገብ እና ሂሳቡም በዚሁ መሠረት መያዝ አለበት። ሆኖም ግብር ከፋዩ የመመዝገቢያው ጊዜ ባለመድረሱ ምክንያት የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር የሌለው እንደሆነ፣ የግብር ከፋይ መለያ ቁጥሩን አግኝቶ ግብሩን ከተከፋይ ሂሳብ ላይ ቀንሶ ገቢ ለሚያደርገው ሰው እስከሚሰጥ ድረስ ምዝገባው የሚከናወነው በግብር ከፋዩ ስምና አድራሻ ብቻ ይሆናል።
፭· ቢሮው ለዚህ አንቀጽ አፈጻጸም "ለንግድ የሚውሉ ዕቃዎች" የሚለውን ሀረግ ትርጉም በመመሪያ ይወስናል።

፶፫· ከተከፋይ ሂሳቦች ላይ ግብርን ቀንሶ ስለማስቀረት

፩· በሕግ የሰውነት መብት የተሰጣቸው ድርጅቶች ፣ የመንግሥት መ/ቤቶች፣ ለትርፍ ያልተቋቋሙ የግል ድርጅቶች እና መንግሥታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች ፣ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት በሚያወጣው ደንብ ግብር ተቀንሶ ቀሪ እንዲደረግበት ከተወሰነ ማናቸውም ክፍያ ላይ ግብሩን ቀንሰው ማስቀረት አለባቸው።
፪· ከተከፋይ ሂሳቦች ላይ ተቀንሶ ቀሪ የሚደረገው ግብር የጠቅላላ ተከፋይ ሂሳብ ፪ ፐርሰንት (ሁለት በመቶ) ይሆናል።

2) As per this Article the amount collected on import of goods shall be three percent (3%) of the sum of cost, insurance, and freight ("CIF value").
3) If the amount of income tax collected on the import of goods results in under payment of business income tax due for the year, as determined at the time of declaration of income tax, the taxpayer is required to pay the difference with the declaration. If the amount represents an overpayment of income tax due for the year, the Tax Authority shall after ensuring the accuracy of the books and records refund the taxpayer the amount overpaid within the time and in the manner prescribed under Article 76 of this Proclamation.
4) The tax collected under this Article shall be recorded and accounted- for using the taxpayer's name, address, and TIN; provided, however that if a taxpayer is not required to obtain a TIN the records shall be kept using only the taxpayer's name and address until such time as the taxpayer supplies a TIN to the collecting agency.
5) For purposes of implementing the provision of this Article the bureau shall by directive, define the term "for commercial use".

53. *Withholding of Income Tax on Payments*

1) Organization having legal personality, government agencies, private nonprofit institutions, and non-governmental organizations ("NGOs") shall withhold income tax on payments which by Reguations to be issued by the Council of Oromia regional Government are subject to withholding Tax.
2) The amount withheld shall be two percent (2%) of the gross amount of the payment.

www.abyssinialaw.com



3. Namni gibira kana hir'isee galii taassisuu qabu herregota baatii sana keessatti kaffalamani irraa hirrifaman herrega walii galaa haftee ta'uu qabu, guyyaa dhuma baatichaa irraa eegalee guyyaa 10/kudhan/ jirani keessatti Abbaa Taayitaa gibiraatiif galii taassisuu qaba. Namni herregoota kaffalamu irraa gibira hir'isee galii taasisuuf dirqama qabu herrega walii galaa baatii sana keessatti walitti qabe yeroo galii taasisu maqaa tokkoon tokkoo namaa ykn dhaabbata kaffaltiin raawwatameef, lakkoofsa eenyummaa, ida'ama maallaqaa walii-galaa namicha ibsameef baatii sana keessatti kaffalame, gibira hirrifamaa ta'ee dhiyaate fi maqaa tokko tokkoo namaatiin Abbaa Taayitaa gibiraatiif herrega galii ta'e tarreeffama argisiisu dhiyeessuu qaba.

4) Herregoota kaffalaman irraa gibirri hir'ifame gibira waggaa sanatti kaffalamuu qabuu gadi ta'ee yoo argame, kaffalaan gibiraa yeroo galii ofii beeksisu gibira garaagarummaan barbaadamu galii taasisuu qaba. Herregoota kaffalaman irraa gibirri hiriifame gibira waggaatti kaffalamuu qabu ol ta'ee yoo argame Abbaan Taayitaa gibiraa yeroo fi akkaataa keewwata "76" jalatti ibsameen gibira caalmaadhaan kaffalame kaffalaa gibiraatiif ni-debisa.

5) Bu'uura keewwata kanaatiin herrega kaffalamu irraa gibira hir'ise galii gochuuf namni dirqamni irra jiru gibira hir'ifamee galii taasifamuu qabu guutummaadhaan ykn gar-tokkeen hir'isee yoo galii taasisuu baate gibira kana guutummaan guutuutti Abbaa Taayitaa gibiraatiif galii akka godhu ni dirqisiifama.

54. *Galiin gabatee "D" abbaa mirgaatiif yeroo kaffalamu gibira hirrisani hambisuu*

1) Akkaataa gabatee "D" tiin galii gibirri itti kaffalamu kamiyyuu abbaa mirgaatiif namni kafffalu, akkaataa gabatee "D" tiin gibira barbaadamu herrega kaffalamu irraa hir'isee hambisuu qaba.

2) Dirqamni gibira hirrisanii hambisuu kaffalaa irra jiru, dirqama biroo kaffalaan galii kaffalamu hir'isee hambisuu qabu kamiyyuu irra dursa qaba.

3) Kaffalaan gibira hirrisee hambise, dhuma tokkoon tokkoon ji'aatii eegalee guyyoota 15 (kudha shan) jiran keessatti Abbaa Taaiytaa Gibiraatiif galii gochuu qaba. Waan kana ta'eef, gibirri haala kanaan hirrifamee hafe yeroo galii ta'u tarreeffama odeeffannoo kaffaltoota gibiraa ji'a sana keessa galii gibirri itti kaffalamu argatan argisiisu waliin qabatee dhiyaachuu qaba.

፫· ግብሩን ቀንሶ ገቢ ማድረግ ያለበት ሰው በወሩ ውስጥ ከተከፈሉ ሂሳቦች ላይ ተቀንሶ ቀሪ መደረግ የሚገባውን አጠቃላይ ሂሳብ ከወሩ የመጨረሻ ቀን ጀምሮ ባሉት አሥር ቀናት ውስጥ ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ ማድረግ አለበት። ከተከፋይ ሂሳቦች ላይ ግብርን ቀንሶ ገቢ የማድረግ ኃላፊነት ያለበት ሰው በወሩ የሰበሰበውን አጠቃላይ ሂሳብ ገቢ በሚያደርግበት ጊዜ ክፍያ የተፈጸመለትን የእያንዳንዱን ሰው ወይም ድርጅት ስም፣ መለያ ቁጥሩን፣ በወሩ ውስጥ ለተጠቀሰው ሰው የተከፈለውን ገንዘብ አጠቃላይ ድምር፣ ተቀናሽ ተደርጐ የቀረውን ግብር እና በእያንዳንዱ ሰው ስም ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ የተደረገውን ሂሳብ የሚያሳይ ዝርዝር ማቅረብ አለበት።

፬· ከተከፋይ ሂሳቦች ላይ የተቀነሰው ግብር በዓመቱ መከፈል ከነበረበት ትክክለኛ ግብር ያነሰ ሆኖ የተገኘ እንደሆነ፣ ግብር ከፋዩ ገቢውን በሚያስታውቅበት ጊዜ በልዩነት የሚፈለገውን ግብር ገቢ ማድረግ አለበት። ከተከፋይ ሂሳቦች ላይ የተቀነሰው ግብር በዓመቱ መከፈል ከሚገባው በላይ ሆኖ የተገኘ እንደሆነ ግብር አስገቢው ባለሥልጣን በብልጫ የተከፈለውን ግብር በአንቀጽ ፸፮ በተገለጸው ጊዜ እና አኳኋን ለግብር ከፋዩ ይመልስለታል።

፭· በዚህ አንቀጽ መሠረት ከተከፋይ ሂሳብ ላይ ግብሩን ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ሰው ተቀንሶ ገቢ መደረግ ያለበትን ግብር በሙሉ ወይም በከፊል ቀንሶ ገቢ ያላደረገ እንደሆነ ግብሩን ሙሉ በሙሉ ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ እንዲያደርግ ይገደዳል።

፶፬· <u>የሠንጠረዥ "መ" ገቢ ለባለመብቱ በሚከፈልበት ጊዜ ግብርን ቀንሶ ስለ ማቅረት</u>

፩· ማናቸውም በሠንጠረዥ "መ" መሠረት ግብር የሚከፈልበትን ገቢ ለባለመብቱ የሚከፍል ሰው፣ በሠንጠረዥ "መ" መሠረት የሚፈልገውን ግብር ከተከፋዩ ሂሣብ ላይ ቀንሶ ማስቀረት አለበት ።

፪· ከፋዩ ያለበት ግብር ቀንሶ የማስ ቀረት ግዴታ ፣ ከፋዩ ከተከፋዩ ገቢ ላይ ቀንሶ ማስቀረት ካለበት ሌላ ማናቸውም ግዴታ ቀዳሚነት ይኖረዋል ።

፫· ከፋዩ ቀንሶ ያስቀረውን ግብር ከእያንዳንዱ ወር መጨረሻ አንስቶ ባሉት ፲፭ ቀናት ውስጥ ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ ማድረግ አለበት ። ስለሆነም በዚህ ዓይነት ተቀንሶ የቀረው ግብር ገቢ በሚደረግበት ጊዜ በወሩ ውስጥ ግብር የሚከፈልበት ገቢ ያገኙትን ግብር ከፋዮች ዝርዝር የሚያሳይ መረጃ ተያይዞ መቅረብ አለበት ።

3) Within ten days from the last day of each month, the withholding agent shall transfer to the government the amount required to be withheld on payments made during the month. The withholding agent's aggregate monthly transfer shall be accompanied by a statement listing separately each specifed person to whom payments were made; the person's TIN; the monthly total of payments made to that person; and the amount of income tax withheld results in government with respect to that person.

4) If the amount of income tax withheld on payment to specified person results in under payment of income tax actually due for the year, as determined at the time of declaration of income tax, the taxpayer is required to pay the difference with the declaration. If the amount of income tax withheld results in overpayment of income tax actually due for the year, the Tax Authority shall refund the taxpayer within the time and in the manner prescribed under Article 76.

5) As per this Article if a withholding agent fails to withhold or under withhholds he shall be made to pay the full amount of the tax to the Tax Authority.

54. *Withholding of Schedule "D" Income Tax on Payments*

1) The payer of any payment subject to tax under schedule "D" shall withhold from the payment the amount of tax required by schedule "D"

2) The obligation of the payer to withhold tax has priority over all other obligations to withhold amounts from payments to a payee (the taxpayer).

3) A payer shall pay the withheld tax to the Tax Authority within fifteen (15) days of the end of each calendar month, and each payment shall be accompanied by a statement with respect to each taxpayer who received payments during the month.

www.abyssinialaw.com



4) Kanaan olitti, akkaataa keewwata xiqqaa (3) tiin ibsi kennamu, gabatee fi haala abbaan taayitaa gibiraa murteessuun kan dhiyaatu ta'ee odeeffannoowwan kana gadii qabaachuu qaba:
   (a) maqaa, teessoo fi lakkoofsa eenyummaa tokkoon tokkoo kaffalaa gibiraa,
   (b) akkaataa gabatee ''D'' tiin hanga kaffaltii gibirri itti kaffalamu,
   (c) hanga gibiraa kaffaltii sana irraa hir'ifamee hafe.

5) Kaffalaa gibiraatiif kaffaltiin yeroo raawwatamu, kaffalaan, tokkoo tokkoo kaffalaa gibiraatiif, haala Abbaan Taayitaa gibiraa murteessuun gibirri hir'ifamee haftee taasifamuu isaa kan mirkaneessu waraqaa ragaa ni kenna. Waraqaan ragaa kunis, odeeffannoo keewwata xiqqaa (4) jalatti tarreeffaman, kaffalaan gibiraa hir'ifamee haftee ta'e irratti komiisaa dhiheessuu kan danda'u ta'uusaa, fi haala komiisaa itittiin dhiyeessuu danda'u, kan ibsu ta'uu qaba.

6) Waraqaan ragaa gibirri hir'ifamee haftee ta'uu isaa mirkaneessu akkaataa gabatee ''D'' tiin galii gibirri itti kaffalamu irraa hir'ifamee gibira hafeef ragaa ta'a.

55. *Waraqaa eenyummaa kennuu*

Abbaan Taayitaa Gibiraa herrega kaffalamu irraa namootaa itti-gaafatamummaan gibira hirrisanii hambisuun kennameef waraqaa eenyummaa ni kenna.

56. *Sanada kafaltii raawwatamee fi Gibirri hir'ifamee galii taasifamusaa mirkaneessu*

1) Namni gibira hir'isee galii gochuuf dirqama qabu, tokkoon tokkoo bara gibiraatti,
   (a) kaffaltiiwwan raawwatamanii fi
   (b) gibira kaffaltiiwwan kanarraa hir'ifamee hafe kan agarsiisan sanadoota herregaa qabachuu fi Abbaan Taayita Gibiraa qorannaa akka irratti taassisu dhiyeessuuf dirqama qaba.

2) Namni gibira hir'isee galii godhuuf dirqama qabu sanadoota herregaa kanaan ol keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman bara dhuma gibiraa ilaallatu irraa eegalee bara gibiraa waggaa shaniif tursiisuu qaba.

3) Abbaan Taayitaa Gibiraa haala orneela ofii qopheessuu fi yeroo inni murteessu keessatti namni gibira hir'isee galii gochuuf dirqama qabuu, kooppii sanadootaa kanaan ol keewwata xiqqaa (1) jalatti tarreeffaman, akka dhiyeessu gaafachuu ni danda'a.

፬· ከዚህ በላይ በንዑስ አንቀጽ (፫) መሠረት የሚሰጠው መግለጫ የግብር አስገቢው ባለሥልጣን በሚወስነው ቅርጽና አኳኋን የሚቀርብ ሆኖ ፣ የሚከተሉትን መረጃዎች መያዝ አለበት ።
   ሀ) የእያንዳንዱን ግብር ከፋይ ስም ፣ አድራሻ እና የግብር ከፋይ መለያ ቁጥር ፣
   ለ) በመንሠረኻ "መ" መሠረት ግብር የሚከፈል በትን ክፍያ መጠን ፣
   ሐ) ከክፍያው ላይ ተቀንሶ የቀረውን ግብር መጠን ።

፭· ለግብር ከፋዩ ክፍያ በሚፈጽ ምበት ጊዜ ፣ ከፋዩ ለእያንዳንዱ ግብር ከፋይ የግብር አስገቢው ባለሥልጣን በሚወስነው አኳኋን ግብር ተቀንሶ ቀሪ መደረጉን የሚያረጋግጥ የምስክር ወረቀት ይሰጣል ። ይህም የምስክር ወረቀት በንዑስ አንቀጽ ፬ የተዘረዘረውን መረጃ፣ ግብር ከፋዩ ተቀንሶ ቀሪ በተደ ረገው የግብር መጠን ላይ ቅሬታውን ለማቅረብ የሚችል መሆኑን እና ቅሬታውን ማቅረብ የሚችልበትን አኳኋን የሚገልጽ መሆን አለበት ።

፮· ግብር ተቀንሶ ቀሪ መደረጉን የሚያረጋግጠው የምስክር ወረቀት በሠንጠረኻ "መ" መሠረት ግብር በሚከፈልበት ገቢ ላይ ተቀንሶ ለቀሪው ግብር ማስረጃ ይሆናል ።

፶፭· <u>የመታወቂያ ወረቀት ስለመስጠት</u>

የግብር አስገቢው ባለሥልጣን ከተከፋይ ሂሣብ ላይ ግብር ቀንሶ የማስቀረት ኃላፊነት ለተሰጣቸው ሰዎች የመታወቂያ ወረቀት ይሰጣል።

፶፮· <u>የተፈፀመውን ክፍያ እና ግብር ተቀንሶ ገቢ መደረጉን የሚያረጋግጥ ሰነድ</u>

፩· ግብር ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ሰው በእያንዳንዱ የግብር ዘመን ፡–
   ሀ) የተፈፀሙ ክፍያዎችን እና
   ለ) ከእነዚህ ክፍያዎች ተቀንሶ የቀረውን ግብር ፣ የሚያሳዩ የሂሣብ ሠነዶችን የመያዝ እና የግብር አስገቢው ባለ ሥልጣን ምርመራ እንዲያደ ርግባቸው የማቅረብ ግዴታ አለበት ።

፪· ግብር ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ሰው ከዚህ በላይ በንዑስ አንቀጽ ፩ የተዘረዘሩትን የሂሣብ ሠነዶች አግባብነት ካላቸው የግብር ዘመን መጨረሻ አንስቶ ለ፭ ዓመታት ማቆየት አለበት ።

፫· የግብር አስገቢው ባለሥልጣን ግብር ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ሰው ከዚህ በላይ በንሁስ አንቀጽ ፩ የተዘረዘሩትን ሠነዶች ኮፒ እርሱ በሚሰጠው ቅጽ እና ሁኔታ እንዲሁም በሚወ ስነው የጊዜ ልዩነት እንዲያ ቀርብ ሊጠይቅ ይችላል ።

4) The statement referred to in Sub-Article (3) shall be in the form and furnished in the manner prescribed by the Tax Authority, and shall contain the following information:
   (a) the name, address, and TIN of each taxpayer;
   (b) the amount of payments subject to tax under schedule D;
   (c) the amount of the tax withheld from the payments.

5) At the time of making a payment to a taxpayer, the payer shall furnish each taxpayer a tax withholding certificate (in the form prescribed by the Tax Authority) showing the date of the payment and stating the information listed in Sub-Article (4); the taxpayer's right to contest the amount of tax withheld; and the manner of doing so.

6) The tax-withheld certificate is proof of the amount of tax withheld on payments subject to tax under schedule D.

55. *Issuance of Identification Card*

The Tax Authority shall issue identification cards to withholding Agents.

56. *Record of Payments and Tax Withheld*

1) A withholding agent shall maintain, and make available for inspection by the Tax Authority, records showing, in relation to each fiscal year:
   (a) Payments made to a payee, and
   (b) Tax withholding from those payments.

2) The withholding agent shall keep the records as specified above under Sub-Article (1) for five (5) fiscal years after the end of the fiscal year to which the records relate.

3) The tax Authority may require a withholding agent to furnish a copy of the records to be maintained under Sub-Articel (1) in the manner, form and at the intervals prescribed by the Tax Authority.

www.abyssinialaw.com



57. *Gibira bara gibirichaa keessatti barbaadamu sirreessuu fi nama gibira hir'isee galii gochuu qabuuf dirqama bakka buusuu.*

1) Haala gibirri hir'ifamee hafe kaffaltii gibira isa xumuraa ittiin ta'e malee, kafaltiin gibiraa hir'ifamee hafe godhame (akkaataa keewwata ''53'' ykn keewwata ''54''tiin gibira yeroo yeroon kaffalame ykn akkaataa keewwata ''52''tiin gibira mi'oota biyya alaatii galan irratti kaffalame) kaffalaa gibiraa, bara gibiraa sana keessatti gibira kaffaluu qabu yeroo shallagamu kan herregamu ta'a.

2) Namni gibirri irraa hir'ifamee galii godhame gibira hir'ifamee galii godhame akka isaaf kaffalamu gaaffii kan dhiyeesse yoo ta'e, akkaataa labsii kanaan, herrega kaffalamurraa gibira hir'isee kan hambisee fi namni Abbaa Taayitaa Gibiraaf galii godhe, gibira galii godhame sana nama irraa hir'ifameef akka kaffaletti lakkaa'ama.

## KUTAA SADII
## ULAAGAALEE HAALA QABIINSA HERREGA GIBIRAA

58. *Mala qabiinsa herregaa*

1) Akkaataa tumama labsii kanaan, kaffalaan gibiraa bara gibiraa tokko keessatti ni argata jedhamee kan yaadame ykn galii argate mirkaneessuuf bara sana booda kan walitti qabamu ykn herregni kaffalamu qajeelfamoota qabiinsa herrega waliigalaa fudhatama argatan bu'uura godhachuun bara sanatti akka walitti qabametti ykn akka kaffalametti lakka'amee akka barbaachisummaa isaatti galiitti akka qabamu ykn baasiitti akka hir'ifamu ni godhama.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (3) tiin kan tumame akka eegametti ta'ee, Abbaan Taayitaa Gibiraa qabiinsi herrega addaa hojiirra akka oolu yoo hayyame malee, kaffalaan gibiraa kamiyyuu herrega isaa, mala qabiinsa herrega sochii maallaqaa callaarratti hundaaheen ykn herrega walitti-qabamuu fi kaffalamurratti hundaaheen qabachuu qaba.

3) Kaffaltii gibiraaf jecha, kubbaniyaan herrega isaa, akkaataa mala qabiinsa herregaa, herrega walitti-qabamuu fi kaffalamurratti hundaaheen qabachuu qaba.

4) Namni kamiyyuu mala qabiinsa herrega isaa jijjiiruuf akka isaa hayyamamu barreeffamaan Abbaa Taayitaa Gibiraa gaafachuu ni danda'a. Abbaan Taayitaa Gibiraa, malli jijjirame sun, herrega kaffalaa gibiraa sirritti kan agarsiisuudha jedhee yoo itti amane jijjiirama kana fudhachuusaa barreeffamaan beeksisa.

፶፯· <u>በታክሱ ዘመኑ ውስጥ የሚፈለገውን ግብር ስለማስተካከል እና ግብር ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ሰው ስላለበት የመካስ ግዴታ</u>

፩· ተቀንሶ ቀሪ የተደረገው ግብር የመጨረሻ የግብር ክፍያ ከሆነበት ሁኔታ በስተቀር ፣ ተቀንሶ ቀሪ የተደረገ ግብር ክፍያ (በአንቀጽ ፶፫ ወይም በአንቀጽ ፶፬ መሠረት በየጊዜው የተከፈለ ግብር ወይም በአንቀጽ ፶፪ መሠረት በገቢ ዕቃዎች ላይ የተከፈለ ግብር) ግብር ከፋዩ በዚያው የታክስ ዘመን ውስጥ ሊከፍል የሚገባው ግብር በሚሰላበት ጊዜ የሚካተት ይሆናል ።

፪· ግብሩ ተቀንሶ ገቢ የተደረገበት ሰው ተቀንሶ ገቢ የተደረገው ግብር እንዲከፈለው ጥያቄ ያቀረበ እንደሆነ በዚህ አዋጅ መሠረት ከተከፋይ ሂሣብ ላይ ግብር ቀንሶ ያስቀረ እና ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ ያደረገ ሰው ገቢ የተደረገውን ግብር ለተቀነሰበት ሰው እንደ ከፈለ ይቆጠራል ።

## <u>ክፍል ሦስት</u>
## <u>የግብር ሂሣብ አያያዝ መርሆዎች</u>

፶፰· <u>የሂሣብ አያያዝ ዘዴ</u>

፩· በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት በአንድ የግብር ዘመን ውስጥ ግብር ከፋዩ ያገኛል ተብሎ የታሰበውን ወይም ያገኘውን ገቢ ለማረጋገጥ ከዘመኑ በኋላ የሚሰበሰበው ወይም የሚከፈለው ሂሣብ በአጠቃላይ ተቀባይነት ያገኙ የሂሣብ አያያዝ መርሆዎችን መሠረት በማድረግ በዘመኑ እንደተሰበሰበ ወይም እንደተከፈለ ተቆጠሮእን ደአግባብነቱ በገቢነት እንዲያዝ ወይም በወጪ እንዲቀነስ ይደረጋል ።

፪· በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ እና ፫ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ፣ የግብር አስገቢው ባለሥልጣን የተለየ የሂሣብ አያያዝ ዘዴ ሥራ ላይ እንዲውል ካልፈቀደ በስተቀር ማናቸውም ግብር ከፋይ ሂሣቡን በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ በተመሠረተ ወይም በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ መያዝ አለበት።

፫· ለግብር አከፋፈል ሲባል ኩባንያ ሂሳቡን በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ መሠረት መያዝ አለበት ።

፬· ማናቸውም ሰው የሂሳብ አያያዝ ዘዴውን ለመለወጥ እንዲፈቀድለት የግብር አስገቢውን ባለሥልጣን በጽሑፍ መጠየቅ ይችላል። የግብር አስገቢው ባለሥልጣን ተለዋጩ ዘዴ የግብር ከፋዩን ሂሳብ በትክክል የሚያሳይ ነው ብሎ ሲያምንበት ለውጡን መቀበሉን በጽሑፍ ያስታውቃል።

57. *Adjustment to Tax Due for Year And withholding Agent's Indemnity*

*1) Except for tax withheld with respect to final taxes, withheld tax (or tax paid currently under Article 53 or Article 54 or collected on import under Article 52) is included in ascertainin g a taxpayer's tax due for the tax year.*

*2) A withholding agent who has withheld under this proclamation and remitted the amount withheld to the tax Authority is treated as having paid the withheld amount to the payee for the purposes of a claim by the taxpayer for payment of the amount withheld.*

## SECTION III
## *Tax Accounting Principles*

58. *Method of Accounting*

1) Subject to this Proclamation, for the purposes of ascertaining a person's income accruing or derived during a tax period, the timing inclusions and deductions shall be made according to generally accepted accounting principles.

2) Without prejudice to Sub-Article (1) and (3), and unless the Tax Office prescribes otherwise in particular case, a taxpayer shall account for tax purposes on a cash or accrual basis.

3) A company shall account for tax purposes on an accrual basis.

4) A person may apply, in writing for a change in that person's method of accounting and the Tax office may, by notice in writing, approve the application but only if satisfied that the change is necessary to clearly reflect that person's income.

www.abyssinialaw.com



5) Malli qabiinsa herregaa kaffalaa gibiraa akka jijjiiramu yoo hayyamamu mata dureewwaan galii osoo hin galmaa'in akka hin-hafne ykn lammata akka hin galmoofne gochuuf mata dureewwan galii kaffalaa gibiraa, herregoota hir'ifaman ykn gibira wal dandeessisuu irratti bara gibiraa jijjiiramichi itti taasifame itti aanee waggaa jiru keessatti sirreeffamni barbaachisaan godhamuufii qaba.

59. *Mala qabiinsa herregaa sochii maallaqa callaarratti hundaahe*

1) Kaffaltii gibiraaf jecha, galii kaffalaa gibiraa herrega isaa mala qabiinsa herrega sochii mallaqa callaarratti hundaaheen qabatu, shallaguuf hanga maallaqaa kaffalaan gibiraa fudhate ykn maqaa isaatiin qabame herrega isaa keessattiha-ammatamuu qaba.

2) Kaffaltii gibiraaf jecha kaffalaan gibiraa, herrega isaa mala qabiinsa herrega sochii maallaqa callaarratti hundaahen qabatu, baasii godhee kan jedhamu kaffalaan gibiraa kaffaltii mataa isaatiin raawwate yoo ta'e dha.

60. *Mala qabiinsa herregaa, herrega walitti-qabamuu fi kafalamurratti Hundaa'e*

1) Kafaltii gibiraaf jecha kaffalaan gibiraa herreg isaa mala qabiinsa herregaa, herrega walitti qabamuu fi kafalamu irratti hundaa'een qabatu galiisaa yeroo herregu hanga maallaqa maqaa isaatiin kan walitti qabaman qabatame herrega isaa keessatti dabaluu qaba.

2) Kaffaltii gibiraaf jecha kaffalaan gibiraa herrega isaa mala qabiinsa herregaa, herrega walitti qabamuu fi kaffalamu irratti hundaa'een qabatu baasii raawwate kan jedhamu maqaa isaatiin ni kaffalamaadhaan kan qabame yoo ta'ee dha.

3) Akka labsii kanaan tumametti herregni tokko kafalaa gibiraan kan walitti qabamuudha kan jedhamu yeroon itti kaffalamu kan ce'e ykn kaffaltiin kan raawwatamu kaffaltiiwwan murtaa'aa adda addaan hiramee yoo ta'es kaffalaan gibiraa herregicha fudhachuuf yeroon mirga argatettidha.

4) Akka labsii kanaan tumameen herregni tokko herrega kaffalamuudha jedhamee kan qabamu sababni kaffalamuuf dirqama ta'e sirrii tti yoo beekamee dha. Haa ta'u malee dirqamni kun kan beekame yoo ta'ellee herrega kanaaf bu'ura kan ta'e gochi diinagdee raawwatamuun dura akka herrega kaffalamutti hin qabamu.

5) Raawwatama keewwata xiqqaa (4) tiif gochi diinagdee raawwatame kan jedhamu;

(a) Tajaajilootaa fi qabeenyota ilaalchisee yeroo tajaajilli kenname ykn qabeenyi argame dha.

(b) Qabeenyatti fayyadamuu ilaalchisee yeroo qabeenyichi faayidaarra oolee dha.

፭· የግብር ከፋዩ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ እንዲለወጥ ሲፈቀድ የገቢ ርዕሶች፣ ሳይመዘገቡ እንዳይቀሩ ወይም በድጋሚ እንዳይመዘገቡ ለማድረግ የግብር ከፋዩ የገቢ ርዕሶች ፣ ተቀናሽ ወይም የታክስ ማካካሻ ሂሳቦች ላይ ለውጡ ከተደረገበት የግብር ዘመን ቀጥሎ ባለው ዓመት ውስጥ ተገቢው ማስተካከያ ሊደረግባቸው ይገባል ።

፶፱· <u>በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ የተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ</u>

፩· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዘውን ግብር ከፋይ ገቢ ለማስላት ግብር ከፋዩ የተቀበለውን ወይም በስሙ የተያዘለትን የገንዘብ መጠን በሂሳቡ ውስጥ ማካተት አለበት ።

፪· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዝ ግብር ከፋይ ወጪ አደረገ የሚባለው ግብር ከፋዩ በራሱ የሚፈጽመው ክፍያ ሲሆን ነው።

፷· <u>በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ የተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ</u>

፩· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዝ ግብር ከፋይ ፣ ገቢውን በሚያሰላበት ጊዜ በስሙ በተሰብሳቢነት የተያዘውን የገንዘብ መጠን በሂሳቡ ውስጥ ማካተት አለበት ።

፪· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ የተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዝ ግብር ከፋይ ወጪ አደረገ የሚባለው በስሙ በተከፋይነት የተያዘ ሲሆን ነው ።

፫· በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት አንድ ሂሳብ በግብር ከፋዩ ተሰብሳቢ ነው የሚባለው የመክፈያው ጊዜ የተላለፈ ወይም ክፍያው የሚፈጸመው በተወሰኑ ክፍያዎች ተከፋፍሎ ቢሆንም ግብር ከፋዩ ሂሳቡን ለመቀበል መብት ባገኘበት ጊዜ ነው ።

፬· በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት አንድ ሂሳብ ተከፋይ ሂሳብ ተብሎ የሚያዘው ለክፍያው ምክንያት የሆነው ግዴታ በትክክል የታወቀ ሲሆን ነው ። ይሁን እንጂ ግዴታው የታወቀ ቢሆንም ለዚህ ሂሳብ መሠረት የሆነው የኢኮኖሚ ተግባር ከመከናወኑ በፊት እንደ ተከፋይ ሂሳብ አይያዝም ።

፭· ለንዑስ አንቀጽ ፬ አፈፃፀም የኢኮኖሚ ተግባር ተከናወነ የሚባለው ፦

ሀ) አገልግሎቶችን እና ንብረቶችን በተመለከተ አገልግሎቱ በተሰጠ ወይም ንብረቱ በተገኘ ጊዜ ነው ።

ለ) በንብረት መጠቀምን በተመለከተ ንብረቱ በጥቅም ላይ በዋለበት ጊዜ ነው ።

5) If the person's method of accounting is changed, adgustments to items of income, deduction, or credit shall be made in the tax period following the change, so that an item is not omitted or taken in account more than one.

59. *Cash–Basis Accounting*

1) A person who is accounting for tax purposes on a cash basis shall account for amounts to be included in calculating that person's income when they are received by, or made available to that person.

2) An outgoing or expense is incurred by person who is accounting, for tax purposes, on a cash basis when it is paid by that person.

60. *Accrual-Basis Accounting*

1) A person who is accounting for tax purposes on an accrual basis shall account for amounts to be included in ascertaining that person's income when they are receivable by that person.

2) An outgoing or expense is incurred by a person who is accounting for tax purpose on an accrual basis when it is Payable by the person.

3) Subject to this proclamation, an amount is receivable by a person when that person becomes entitled to receive it, even if the time for discharge of the entitlement is postponed or the entitlement is payable by installments.

4) Subject to this Proclamation, an amount is treated as payable by a person when all the events that determine liability have accrued and the amount of the liability can be determined with reasonable accuracy, but not before economic performance with respect to that amount occurs.

5) For the purposes of Sub-Article (4), economic performance occurs:

(a) with respect to the acquisition of services or property, at the time the services or properties are provided;

(b) with respect to the use of property, at the time the property is used; or

www.abyssinialaw.com



57. *Gibira bara gibirichaa keessatti barbaadamu sirreessuu fi nama gibira hir'isee galii gochuu qabuuf dirqama bakka buusuu.*

1) Haala gibirri hir'ifamee hafe kaffaltii gibira isa xumuraa ittiin ta'e malee, kafaltiin gibiraa hir'ifamee hafe godhame (akkaataa keewwata "53" ykn keewwata "54" tiin gibira yeroo yeroon kaffalame ykn akkaataa keewwata "52" tiin gibira mi'oota biyya alaatii galan irratti kaffalame) kaffalaa gibiraa, bara gibiraa sana keessaatti gibira kaffaluu qabu yeroo shallagamu kan herregamu ta'a.

2) Namni gibirri irraa hir'ifamee galii godhame gibira hir'ifamee galii godhame akka isaaf kaffalamu gaaffii kan dhiyeessе yoo ta'e, akkaataa labsii kanaan, herrega kaffalamurraa gibira hir'isee kan hambisee fi namni Abbaa Taayitaa Gibiraaf galii godhe, gibira galii godhame sana nama irraa hir'ifameef akka kaffaletti lakkaa'ama.

## KUTAA SADII
## ULAAGAALEE HAALA QABIINSA HERREGA GIBIRAA

58. *Mala qabiinsa herregaa*

1) Akkaataa tumama labsii kanaan, kaffalaan gibiraa bara gibiraa tokko keessatti ni argata jedhamee kan yaadame ykn galii argate mirkaneessuuf bara sana booda kan walitti qabamu ykn herregni kaffalamu qajeelfamoota qabiinsa herrega waliigalaa fudhatama argatan bu'uura godhachuun bara sanatti akka walitti qabametti ykn akka kaffalametti lakka'amee akka barbaachisummaa isaatti galiitti akka qabamu ykn baasiitti akka hir'ifamu ni godhama.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (3) tiin kan tumame akka eegametti ta'ee, Abbaan Taayitaa Gibiraa qabiinsi herrega addaa hojiirra akka oolu yoo hayyame malee, kaffalaan gibiraa kamiyyuu herrega isaa, mala qabiinsa herrega sochii maallaqaa callaarratti hundaaheen ykn herrega walitti-qabamuu fi kaffalamurratti hundaaheen qabachuu qaba.

3) Kaffaltii gibiraaf jecha, kubbaniyaan herrega isaa, akkaataa mala qabiinsa herregaa, herrega walitti-qabamuu fi kaffalamurratti hundaaheen qabachuu qaba.

4) Namni kamiyyuu mala qabiinsa herrega isaa jijjiiruuf akka isaa hayyamamu barreeffamaan Abbaa Taayitaa Gibiraa gaafachuu ni danda'a. Abbaan Taayitaa Gibiraa, malli jijjirame sun, herrega kaffalaa gibiraa sirritti kan agarsiisuudha jedhee yoo itti amane jijjiirama kana fudhachuusaa barreeffamaan beeksisa.

፶፯· <u>በታክሱ ዘመኑ ውስጥ የሚፈለገውን ግብር ስለማስተካከል እና ግብር ቀንሶ ገቢ የማድረግ ግዴታ ያለበት ሰው ስላለበት የመካስ ግዴታ</u>

፩· ተቀንሶ ቀሪ የተደረገው ግብር የመጨረሻ የግብር ክፍያ ከሆነበት ሁኔታ በስተቀር ፣ ተቀንሶ ቀሪ የተደረገ ግብር ክፍያ (በአንቀጽ ፶፫ ወይም በአንቀጽ ፶፬ መሠረት በየጊዜው የተከፈለ ግብር ወይም በአንቀጽ ፶፪ መሠረት በገቢ ዕቃዎች ላይ የተከፈለ ግብር) ግብር ከፋዩ በዚያው የታክስ ዘመን ውስጥ ሊከፍል የሚገባው ግብር በሚሰላበት ጊዜ የሚካተት ይሆናል ።

፪· ግብሩ ተቀንሶ ገቢ የተደረገበት ሰው ተቀንሶ ገቢ የተደረገው ግብር እንዲከፈለው ጥያቄ ያቀረበ እንደሆነ በዚህ አዋጅ መሠረት ከተከፋይ ሂሣብ ላይ ግብር ቀንሶ ያስቀረ እና ለግብር አስገቢው ባለሥልጣን ገቢ ያደረገ ሰው ገቢ የተደረገውን ግብር ለተቀነሰበት ሰው እንደ ከፈለ ይቆጠራል ።

## <u>ክፍል ሦስት</u>
## <u>የግብር ሂሣብ አያያዝ መርሆዎች</u>

፶፰· <u>የሂሣብ አያያዝ ዘዴ</u>

፩· በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት በአንድ የግብር ዘመን ውስጥ ግብር ከፋዩ ያገኛል ተብሎ የታሰበውን ወይም ያገኘውን ገቢ ለማረጋገጥ ከዘመኑ በኋላ የሚሰበሰበው ወይም የሚከፈለው ሂሣብ በአጠቃላይ ተቀባይነት ያገኙ የሂሣብ አያያዝ መርሆዎችን መሠረት በማድረግ በዘመኑ እንደተሰበሰበ ወይም እንደተከፈለ ተቆጠሮእን ደአግባብነቱ በገቢነት እንዲያዝ ወይም በወጪ እንዲቀነስ ይደረጋል ።

፪· በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ እና ፫ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ፣ የግብር አስገቢው ባለሥልጣን የተለየ የሂሣብ አያያዝ ዘዴ ሥራ ላይ እንዲውል ካልፈቀደ በስተቀር ማናቸውም ግብር ከፋይ ሂሣቡን በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ በተመሠረተ ወይም በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ መያዝ አለበት።

፫· ለግብር አከፋፈል ሲባል ኩባንያ ሂሳቡን በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ መሠረት መያዝ አለበት ።

፬· ማናቸውም ሰው የሂሳብ አያያዝ ዘዴውን ለመለወጥ እንዲፈቀድለት የግብር አስገቢውን ባለሥልጣን በጽሑፍ መጠየቅ ይችላል። የግብር አስገቢው ባለሥልጣን ተለዋጩ ዘዴ የግብር ከፋዩን ሂሳብ በትክክል የሚያሳይ ነው ብሎ ሲያምንበት ለውጡን መቀበሉን በጽሑፍ ያስታውቃል።

57. *Adjustment to Tax Due for Year And withholding Agent's Indemnity*

*1) Except for tax withheld with respect to final taxes, withheld tax (or tax paid currently under Article 53 or Article 54 or collected on import under Article 52) is included in ascertainin g a taxpayer's tax due for the tax year.*

*2) A withholding agent who has withheld under this proclamation and remitted the amount withheld to the tax Authority is treated as having paid the withheld amount to the payee for the purposes of a claim by the taxpayer for payment of the amount withheld.*

## SECTION III
## *Tax Accounting Principles*

58. *Method of Accounting*

1) Subject to this Proclamation, for the purposes of ascertaining a person's income accruing or derived during a tax period, the timing inclusions and deductions shall be made according to generally accepted accounting principles.

2) Without prejudice to Sub-Article (1) and (3), and unless the Tax Office prescribes otherwise in particular case, a taxpayer shall account for tax purposes on a cash or accrual basis.

3) A company shall account for tax purposes on an accrual basis.

4) A person may apply, in writing for a change in that person's method of accounting and the Tax office may, by notice in writing, approve the application but only if satisfied that the change is necessary to clearly reflect that person's income.

www.abyssinialaw.com



(c) Haalawwan biroo kamiiniyyuu kaffalaan gibiraa dirqamasaa bahuu kan isa dandeessisu kafaltii gibiraa yeroo guutummaan raawwateedha.

61. *Kafaltiiwwan Dursaan Raawwataman*

Keewwata 21 labsii kanaan kan tumame akkuma eegametti ta'ee kaffaltii kiraa lafaaf raawwatame dabalatee tajaajila ji'a kudha lamaa ol turu kamiifiyyuu ykn hir'isuun baasii faayidaa biraaf taasifame kamiyyuu kan raawwatamu tajaajilichi ykn faayidaan bara gibiraa hojiirra ooluuf addaan qoqoodamuudhaani.

62. *Mirga Gaafachuu*

1) Kaffaltii gibiraaf jecha kaffalaan gibiraa herregasaa mala qabiinsa herregaa sochii maallaqa callaarratti hundaa'een qabatu maallaqa fuudhuuf seeraan mirga kan qabu ykn kaffaltii raawwachuuf dirqama kan qabu ta'uu ibsuun gaaffii naaf ta'aa hanga dhiyeessetti gaafataan mirga maallaqa kana fudhachuu ykn kaffaluuf seeraan dirqamni kan irra hin jirre yoo ta'es herrega akka kanaa akka galiitti ykn baasiitti qabachuu qaba.

2) Keewwata xiqqaa (1) irratti kan ibsame erga raawwatameen booda namni maallaqa kana fuudhe deebisee kan bakka buuse ykn herregni baasii godhame akka deebi'u kan taasifame yoo ta'e bara gibiraa maallaqni kun bakka buufame ykn baasiin deebifame keessatti galii argame bu'uuruma kanaan sirraa'uu qaba.

3) Kaffaltii gibiraaf jecha kafalaan gibiraa herregasaa mala qabiinsa herregaa, herrega walitti qabamuu fi kaffalamu irratti hundaa'een qabatu maallaqa fudhachuuf seeraan mirga kan qabu ykn kaffaltii raawwachuuf dirqama kan qabu ta'uu ibsuun hanga gaaffii dhiyeessetti gaafataan mirga maallaqa kana fuudhuu, ykn kafaluuf seeraan dirqama kan hin qabne yoo ta'es herrega akka kanaa akka herrega walitti qabamu ykn kafalamutti qabuu qaba.

4) Keewwata xiqqaa (3) irratti kan ibsame erga raawwatamee booda gaafataan maallaqa kana fudhachuun qaba ykn gaaffii dirqama kaffaltii raawwachuun qaba jedhuun dhiyeesse kan kaase yoo ta'e bara gibiraa gaaffii kana kaase keessatti galii inni argate haala sirrii ta'een akka qixxaa'u godhama.

ሐ) በማናቸውም ሌሎች ሁኔታዎች ግብር ከፋይ ግዴታውን ለመወጣት የሚያስችለውን ሙሉ ክፍያ ግብር በፈፀመበት ጊዜ ነው ።

፷፩· <u>አስቀድሞ ስለተደረጉ ክፍያዎች</u>

በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳፩ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለመሬት ሊዝ የተፈፀመ ክፍያን ጨምሮ ማናቸውም ከአሥራ ሁለት ወራት በላይ ለሚቆይ አገልግሎት ወይም ማናቸውም ሌላ ጥቅም የተደረገ ወጪ ተቀናሽ ተፈፃሚ የሚሆነው አገልግሎቱ ወይም ጥቅሙ ሥራ ላይ በሚውልበት የግብር ዘመን ተከፋፍሎ ነው ።

፷፪· <u>መብትን ስለመጠየቅ</u>

፩· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በጥሬ ገንዘብ እንቅስቃሴ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዝ ግብር ከፋይ ገንዘቡን ለመቀበል የሕግ መብት ያለው ወይም ክፍያ ለመፈፀም ግዴታ ያለበት መሆኑን በመግለጽ የይገባኛል ጥያቄ እስካቀረበ ድረስ ጠያቂው ገንዘቡን የመቀበል መብት ወይም የመክፈል የሕግ ግዴታ የሌለበት ቢሆንም እንዲህ ያለውን ሂሳብ እንደገቢ ወይም እንደ ወጪ መያዝ አለበት ።

፪· በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ የተነገረው ተፈፃሚ ከሆነ በኋላ ገንዘቡን የተቀበለው ሰው መልሶ የተካ ወይም ወጪ የተደረገ ሂሳብ እንዲመለስ የተደረገ እንደሆነ ገንዘቡ በተተካ ወይም ወጪው በተመለሰበት የግብር ዘመን ውስጥ የተገኘው ገቢ በዚሁ መሠረት መስተካከል አለበት ።

፫· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በተሰብሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዝ ግብር ከፋይ ገንዘብ ለመቀበል የሕግ መብት ያለው ወይም ክፍያ ለመፈፀም ግዴታ ያለበት መሆኑን በመግለጽ ጥያቄ እስካቀረበ ድረስ ጠያቂው ገንዘቡን የመቀበል መብት ወይም የመክፈል የሕግ ግዴታ የሌለበት ቢሆንም እንዲህ ያለውን ሂሳብ እንደተሰብሳቢ ወይም እንደ ተከፋይ ሂሳብ መያዝ አለበት ።

፬· በንዑስ አንቀጽ ፫ የተነገረው ተፈፃሚ ከሆነ በኋላ ጠያቂው ገንዘቡን ልቀበል ይገባል ወይም ክፍያ የመፈፀም ግዴታ አለብኝ በማለት ያቀረበውን ጥያቄ ያነሳ እንደሆነ ጥያቄውን ባነሳበት የግብር ዘመን ውስጥ ያገኘው ገቢ ተገቢ በሆነ አኳኋን እንዲስተካከል ይደረጋል ።

(c) in any other case, at the time tax payer makes payment in full satisfaction of the liability.

61. *Prepayments*

Without prejudice to Article 21 of this proclamation, a deduction for an outgoing or expense incurred on a service or other benefit which extends beyond twelve months including cost of lease of land, shall be allowed proportionately over the tax periods to which the service of other benefit relates.

62. *Claim of Right*

1) A taxpayer who is accounting for tax purposes on a cash basis shall treat an amount as received and an outgoing or expense as paid, even though that person is not legally entitled to receive the amount or liable to make the payment, if that person claims to be legally entitled to receive or legally obliged to pay the amount.

2) Where Sub-Article (1) applies and that person later refunds the amount received or recovers the outgoing or expense paid, an appropriate adjustment shall be made to the person's income of the tax period during which the refund or recovery occurs.

3) A person who is accounting for tax purposes on an accrual basis shall treat an amount as receivable and an outgoing or expense as payable even though that person is not legally entitled to receive the amount or liable to make the payment, if that person claims to be legally entitled to recover, or to be legally obliged to pay the amount.

4) Where Sub-Article (3) applies and that person later ceases to claim the right to reveive the amount or to claim an obligation to pay the outgoing or expense, an appropriate adjustment shall be made to that person's income of the tax period during which that person ceases to make the claim.

www.abyssinialaw.com



*63. Waliigalteewwan yeroo dheeraaf turan*

1) Kaffaltii gibiraaf jecha kaffalaan gibiraa herrega isaa mala qabiinsa herregaa, herrega walitti qabamuu fi kafalamu irratti hundaa'een qabatu waliigaltee hojii daldalaa yeroo dheeraaf turu waliin wal-qabateen herregni tokko yoom galii keessatti akka dabalamu ykn akka hir'atu godhamuun kan murtaa'u waliigalticha keessaa bara gibiraa tokko keessatti kan raawwatame dhibbeentaan herreguun ta'a.

2) Waliigaltee yeroo dheeraa keessa kan raawwatame dhibbeentaan kan murtaa'u gatii waliigalaa waliigaltichaa fi baasii dhuma bara gibiraa dura taassifame, sirreeffamoota taasifamani fi ol'ka'uu fi gadi bu'a gatii dabalatee gatii waliigalaa waliigaltichaa tilmaamame wajjin madaaluun ta'a.

3) Bara gibiraa waliigalteen hojii daldalaa yeroo dheeraa itti raawwatamu keessatti namni hojii daldalaa adeemsisu waliigalteewwan yeroo dheeraaf turan wajjiin wal-qabateen;
   (a) kan kasaare; ykn
   (b) Kan bakka hin-buufamnee fi akka keewwata 28 keewwata xiqqaa (1) labsii kanaatiin kasaaraa ceesifamuu qabu yoo ta'e;
   (c) Abbaan Taayitaa Gibiraa kasaaraan kun gara barootagibiraa dabranitti akka naanneffamu, fi.
   (d) Waliigaltee yeroo dheeraaf turu wajjin kan wal qabateen bara gibiraa tokkotti baasii galii irraa qabatamu hanga hin caalletti galii irraa akka bakka buufamu ni taassifama.

4) Bara gibiraa tokko keessatti sochii hojii daldala isaa keessatti kasaaraan kafalaa gibiraa tokko qunnamu waliigalteewwan hojii daldalaa yeroo dheeraa wajjin akka wal-qabatu gochuun kan danda'amu bara gibiraa sanaaf galii waliigalteewwan hojii daldalaa yeroo dheeraa herreguuf baasiin hayyamame herregota galii kana murteessuuf bu'uura godhaman kan caale yoo ta'eedha.

፷፫· <u>ለረዥም ጊዜ ስለሚቆዩ ውሎች</u>

፩· ለግብር አከፋፈል ሲባል ሂሳቡን በተሰበሳቢና ተከፋይ ሂሳብ ላይ በተመሠረተ የሂሳብ አያያዝ ዘዴ የሚይዝ ግብር ከፋይ ለረዥም ጊዜ ከሚቆይ የንግድ ሥራ ውል ጋር በተያያዘ አንድ ሂሳብ በገቢ ውስጥ መቼ እንደሚካተት ወይም ተቀናሽ እንደሚደረግ የሚወስነው በአንድ የግብር ዘመን ውስጥ ከውሉ ውስጥ የተጠናቀቀውን በመቶኛ በማስላት ይሆናል።

፪· ከረዥም ጊዜ ውል ውስጥ የተጠናቀቀው በመቶኛ የሚወሰነው የውሉን ጠቅላላ ዋጋ እና ከግብር ዘመኑ ማለቂያ ጊዜ በፊት የተደረገውን ወጪ ፣ የተደረጉ ማስተካከያዎችን እና የዋጋ ውጣ ውረድን ጨምሮ ከተገመተው ጠቅላላ የውሉ ዋጋ ከሆነው ጋር በማነፃፀር ይሆናል ።

፫· የንግድ ሥራ የረዥም ጊዜ ውል በሚጠናቀቅበት የግብር ዘመን ውስጥ የንግድ ሥራውን የሚያካሂደው ሰው ለረዥም ከሚቆዩት ውሎች ጋር በተያያዘ፣
   ሀ) የከሠረ ወይም
   ለ) ያልተካካሰ እና በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፳፰ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት የሚሸጋገር ኪሣራ ያለው እንደሆነ ፣
   ሐ) የግብር አስገቢው ባለሥልጣን ኪሣራው ወደ አለፉት የግብር ዓመታት እንዲዛወር ፣ እና
   መ) ለረዥም ጊዜ ከሚቆይ ውል ጋር በተያያዘ በአንድ የግብር ዘመን ገቢ ላይ ከሚያያዘው ወጪ እስካልበለጠ ድረስ ከገቢው ላይ እንዲካካስ ይደረጋል ።

፬· አንድ ግብር ከፋይ በአንድ የግብር ዘመን ውስጥ በንግድ ሥራው እንቅስቃሴ ውስጥ የሚያጋጥመው ኪሣራ ከንግድ ሥራው የረዥም ጊዜ ውሎች ጋር እንዲያያዝ ማድረግ የሚቻለው በግብር ዘመኑ ከንግድ ሥራው የረዥም ጊዜ ውሎች የተገኘውን ገቢ ለማስላት የተፈቀደው ወጪ ገቢውን ለመወሰን መሠረት ከተደረጉ ሂሳቦች የበለጠ እንደሆነ ነው ።

63. *Long Term Contracts*

1) In the case of a person accounting for tax purposes on an accrual basis, the timing of inclusions in and deductions from income relating to a long-term contract of a business of that person shall be accounted for on the basis of the percentage of the contract completed during any tax period.

2) The percentage of completion is determined by comparing the total costs allocated to the contract and incurred before the end of the tax period with the estimated total contract costs including any variations or fluctuation.

3) Where during the tax period in which a long term contract of a business is completed the person carrying on the business:
   (a) incurs a loss; or
   (b) has an unrelieved loss available for carrying forward under Article 28(1); which is attributable to the long term contract, the tax Authority may allow the loss to be:
   (c) Varied back to preceding tax periods, and
   (d) Applied against an amount by which inclusions in the income of the business relating to the long-term contract for that period exceed deductions there from.

4) A loss incurred by a person in carrying on a business during a tax period is attributable to a long-term contract of the business to the extent that deductions allowed in ascertaining the income from the business relating to the long-term contract for that period exceed inclusions in ascertaining the income from the business relating to the long-term contract for that period exceed inclusions in ascertaining that income.

www.abyssinialaw.com



5) Keewwata kana keessatti ''Waliigaltee hojii daldalaa yeroo dheeraa'' jechuun yeroo hojiin kun jalqabamee kaasee ji'oota 12 (kudha lama) keessatti nixumurama jedhamee kan tilmaamamu malee bara gibiraa jalqabame keessatti kan hin xumuramne hojii oomishuu, dhaabuu, ijaarsa akkasumas tajaajila kanneen wajjin walqabateedha.

## KUTAA AFUR
## GALII BEEKSISUU FI GIBIRA MURTEESSUU

### 64. Bara Gibiraa

